### 159 Melrooz Stiriit qaama sagantaa deebisanii misoomsuu gamoolee dheeroo itti aanuuti

Ammatti jiraattonni homaayyuu gochuu hin qabani.

Walakkeessa bara 2026 hanga Guraandhala 2028tti jiraattota waliin walitti dhiyeenyaan hojjechuun mana fedhii keessan guutu argamsiisuuf ni hojjenna, manneen naannoo keessan jiran dabalatee.



Dhuma bara kanaa jiraattota 159 Melrooz Stiriit jiran affeerree mana jireenyaa xumurame Holaand Koort, Flemingtan keessatti argamu akka ilaalan ni taasifna.

| Yeroo | Tarkaanfii |
|---|---|
| Amajjii 2026 | Asitti gaaffiilee keessan deebisuuf. |
| Guraandhala 2026 | Fedhiiwwan hawaasa hubachuuf isin dhaggeeffachaa jirra. |
| Bitootessa 2026 – Ebla 2026 – Caamsaa 2026 | Hirmaannaa hawaasaa itti fufiinsa qabu |
| Waxabajjii 2026 | Deggarsa deebisanii qubsiisuu fi wiirtuun deebisanii qubsiisuu ni banama. |
| Adoolessa 2026 – Guraandhala 2028 | Kireeffattoonni bakka biraatti akka jijjiiramaniif ni deeggaramu |

### Sagantaa odeeffannoo jiraattotaaf, hiriyootaa fi maatiif

Jiraattota 159 Melrooz Stiriit, akkasumas hiriyoota fi maatii, qaamaan fi toora interneetii irratti haasofsiisuuf as jirra. Guyyoota fi sa'aatii sagantaalee baruuf poostaroota foyerii keessaa ilaalaa ykn **homes.vic.gov.au/events** daawwadhaa.




### Wal-quba qabeenya qabaachuu

- Sagantaalee odeeffannoo
- Dubdeebii Gorsaa
- Odeessa haarayaaf galmaawaa

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/north-melbourne-precinct

qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria** irratti nu hordofaa



Mootummaa Viktooriyaatiin kan hayyamamee fi maxxanfame, 1 Treyerii Paalaas, Meelboorn. ©Kutaa Bulchiinsa Viktooriyaa, Hooms Viktooriyaa, Guraandhala 2026. (HV002726). Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians | VICTORIA State Government

Oromo | Afaan Oromoo

**Guraandhala 2026**

homes victoria

**IJAARSA MANNEEN GURGUDDOO (BIIG HAAWUSING BIILD)**

Odeessa Hawaasa
**Noorz Meelboorniif**



**Waan bakka hojii sanatti ta'aa jiru**

### Suphaa Kaaniing Stiriit irratti

Hojiiwwan gurguddaan gidaara gama alaa, koriidarootaa fi kutaa miiccaa keessatti itti fufu

### Sadarkaan deebisanii misoomsuu gamoolee ol ka'oo itti aanu 159 Meelroz Stiriit irratti taha

Deebisanii misoomsuun gamoolee olka'oo Krawun Stiriit, Flemingtan fi Ormoond Stiriit, Kensingtan irratti geggeeffamaa jira

### Odeeffannoo kireeffatoota 159 Meelroz Stiriit jiraniif

Sagantaa odeeffannoo jiraattota, hiriyootaa fi maatiif qaamaan akkasumas toora interneetiin

# Hooland Koort irratti manni jireenyaa inni duraa xumurameera

Amaloota haaraa ilaaluuf koodii QR iskaan godhaa

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.

## Sagantaa hojii diiginsa-duraa

33 Alfred Street, North Melbourne

**2025**

### 1. Caalaatti barachuu fi wantoota nageenya akka qabatan gochuu

- Nageenya manneen waliini onanii mirkaneessuu
- Nageenya meeshaalee mirkaneessuuf dirree hojii fi gamoolee qorachuu
- Suphaa idilee itti fufuu

**2026: As jirra**

### 2. Qophaa'uu

- ✔ Nageenyaaf kan oolan dirree hojii fi mallattoolee tolchuu
- ✔ Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- ✔ Nageenya miilaan-deemtota, konkolaataalee fi bakka dhaabbii konkolaataa mijeessuu
- ✔ Diigumsaaf akka qophaawuu fi nageenya isaa eeguuf gamoo keessa hojjechuu

### 3. Diiguu

- Waan irra dhaabatanii jaaran tolchuu
- ijaarsa keessoo manaa xumuruu
- Tartiiba eeggannoon guutameen gamoolee gad jigsuu
- Yeroo yeroon hawaasaaf odeessa kennuu

### 33 Alfred Street

**Jiraattota yeroo kana deebi'anii qubachaa jiran**

**Hojiiwan**

- Manneen waliinii onan akka nageenya qabaatan mirkaneessuu
- Wantoota bubuqqa'uu qaban manneen onfaman keessaa kaasuu
- Karra nageenyaa dhaabuun Guraandhala 16 dura dhumachuuf jira

**Beellama Waajjira Manneenii naannoo**

Gareen waajjira manneenii naannoo amma gara 12 Charchil Aviyeenuu, Askoot Veel'tti argamu

Ammallee garee hojii Noorz Meelboorn qunnamuu dandeessa:

- akkuma baratame qondaala waajjira manneenii keef bilbili yookiis imeel ergiif
- qondaala waajjira manneenii kee kan Noorz Meelborn waliin baallama qabachuuf bilbiliif yookiis imeel ergiif
- waajjira Askoot Veel'tti yeroo feetetti qaamaan argamii dubbisi

**Manneen onfaman, kooriidaroota, naannoo liftii fi gidaaraan alarraa sumuuda wantootaa fudhachuu**

- Gidaarota gama alaa irratti qorannoon godhamuu jalqabaa jira
- Qorannoon dhuma gamoo kanaa gara dhihaa, bahaa fi kibbaa irratti kan ta'u yoo ta'u, kutaaleen xixiqqoo nageenyaaf jecha lafa irratti dallaa kan qaban ta'a
- Hojjettoonni manneen jireenyaa kireeffaman dhiisuudhaan waltajjiiwwan fayyadamanii gamoo sana keessa oliif gadi socho'u
- Yeroo gabaabaaf sagaleen iyyaa maashinaa waa uruu xiqqaan ni jiraata
- Hojiin Ramadaana dura akka dhumatu gochuuf koontiraaktaroonni guyyaa Sanbata duraa tokko tokko ni hojjetu

### Naannoo jireenyaa

**Tika jabeessuuf hojjetamaa jira**

- Kontiraaktarootaa fi abbootiin taayitaa guyyoota adda addaatti bakka hojii deemuu fi sakata'iinsa gaggeessuu
- Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- Qorannoo lafaa nageenya gara fuula duraa daangaalee bakkootaa irratti


### 159 Melrose Street

**Sadarkaa itti aanu kan deebisanii misoomsuu**

Waa'ee deebisanii qubachuu fuulduraa irratti jiraattota, hiriyootaa fi maatii waliin haasawuuf as jirra. Guyyaa fi sa'aatii sagantaaleen jiranu beekuuf poostaroota fooyarii keessaa hordofi.

**Hojiiwan:**

- Darbiilee hunda irratti liftii cinatti alarmii ibiddaa qorachuun hanga Guraandhala 16tti xumuramuu qaba




### 12 Sutton Street

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

### 76 Kaaniing Striit ↘

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

- Hojiin suphaa murteessaa Onkoloolessa 2025 hanga Waxabajjii 2026
- Hojjetoonni gidaarota gama alaan jiran qunnamuuf waltajjii lafaa fayyadamu
- Hojjetoota koriidaroota, sadarkaalee fi kutaa gogsistuu keessatti
- Danqaraaleen nageenya tiksuuf ni kaayamu

Guraandhala 2026

# Hojiiwwanii fi taateewwan Kaaba Meelboorn keessatti yeroo dhihootti dhufaa jiran

Hojiiwwan hundi sadarkaa nageenyaa fi ulaagaalee seeraa olaanaa ta'een kan raawwatamanidha.

**Waan armaan gadii hubachuu dandeessu:**

- yeroo garii sagalee fi dhukkee fi hojjettoota waltajjiiwwan gamoo alaa 76 Kaaning Stiriit fayyadaman
- Yeroo gabaabduuf iyya sagalee maashina waa uruu fi hojjetootaa waltajjiiwwan 33 Alfireed Stiriit gama alaarratti

Yeroon hojii keenyaa yeroo hojii Mana maree keetiin qajeelfama:

**Wixataa hanga Jimaataatti**
Waaree dura sa'aatii 7 hanga Waaree booda sa'aatii 7 gidduutti

**Sanbata duraa**
Waaree dura sa'aatii 9 hanga Waaree booda sa'aatii 3 gidduutti

Yeroo garii sa'aatii kanaan ala hojjechuuf hayyamni mana maree barbaachisa garuu kun yoo ta'e jiraattota ni beeksifna.

Odeessa dabalataaf waajjira manneenii ganda keetii dubbisi:

📞 **1300 360 462**

✉ **northmelbourne.housing@dffh.vic.gov.au**

Afaan keessaniin dabalatee odeeffannoo dabalataaf: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language** daawwadhaa

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

✉ **enquiries@homes.vic.gov.au**